# Ergaa Yohaannis Erge Ta Sadeesso'oo

## Seensa

Ergaa Yohaannis erge ta sadeesso'oo, jaarsicha ergamaa Yohaannisitti barreesse. Ergaan tun namicha Gaayos jedhamu ka sooressa wolde'a kiristaanaa te'eeruuf barreeffante. Abbaan barreesse gara kaaniin, waan dhugeeffattoota qarqaareef Gaayos galateeffata; gara kaaniin ammoo namicha jallaamessa ka Diyotreefes jedhamu irraa akka ifi eeggatuuf isa yaadachiisa.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa *1-4*
Galateeffamiisa Gaayosii *5-8*
Dokonkora Diyotreefesii Himiisa *9-10*
Galateeffamiisa Demeexroosii *11-12*
Nageya Dhaamiisa *13-15*

1 Ana jaarsa biraa:

Jaala kiyya ka ani dhugumaan jaaladhuuf:

2 Jaala kiyya! Akkuma lubbuun teeti tolte, akka fayyaa teetuu fi wonni maraa si'iif tolu hin daadimadha.

3 Obboleeyyan gariin dhufanee dhuga'aaf addatamu'uu fi dhuga'aan jiraachuu keeti yennaa natti himane ani guddoo gammade.

4 Ijoolleen tiyya dhuga'aan jiraachuu isi'ii dhage'iisaan irra wonni na gammachiisu hin jiru.

*Gaayos Galateeffame*

5 Jaala kiyya! Obboleeyyan si'iif keessummaa
haareya te'anulle, ati isaan addatamaan hin qar-
qaarta.
6 Isaanille marroo jaalala keetii wolde'a kiris-
taanaatitti himaneeran; karaa Waaqa gammachi-
isuun deemsa isaaniitiifille isaan qarqaartee yoo
geegessite waan dansa'a.
7 Isaan Kiristoos tajaajiliisaaf yennaa bayane,
worra dhugeeffattoota hin te'in irraa womaa hin
fudhanne.
8 Nuuti hujii dhuga'aa tana worra qoodamu
akka teenuuf namoota akkasii kana qarqaaruu
qanna.

*Diyotreefesii Fi Demeexroos*

9 Ani wolde'a kiristaanaatiif xalayaa
barreesseera; Diyotreefesiin sooressa te'iisaaf
barbaadu ammoo yaada kiyya hin fudhanne.
10 Maarre ani yoo dhufe, dharaan nu hamataa
hantuu inni hujaa ture maraa dubbadha;
tunille isa gewuu dhaddee obboleeyyan fudhata
dida. Worri dhibiille akka isaan hin fudhanne
dhooggee, wolde'a kiristaanaa keessaa isaan
baasa.
11 Jaala kiyya! Waan dansaa fakkaadhu malee
waan hamaa hin fakkaatin. Nami waan dansaa
huju ka Waaqaa ti; nami waan hamaa huju Waaqa
hin dhaggine.
12 Nami maraa dansaa Demeexroosii dubbata;
dhugaalle dansaa isaa dubbatti. Nuutille dansaa
isaa hin dubbanna; dhugaa bayiisi keenna
dhugaa akka teete ati hin beetta.

*Nageya Dhaamiisa*

13 Waan si'iif barreessu waan hedduu qaba; am-
moo feeni'ii fi hallu'uun si'iif barreessiisaaf hin
barbaadu.
14 Dhiko'ottuu akka si dhaggu hin addadha; yen-
naa san ilaan wol dhagginee hin haasonna.
15 Nageenni si'iif te'u.

Jaaloti teeti nageya si'iif dhaaman. Jaalota teennatti tokkuma tokkoon nageya nu'uuf himi.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 19 Dec 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e